Talaalliiwwan COVID-19 Ijoollee

Maatiiwwan/Guddistoonni wantoota beekuu qaban

Talaalliin COVID-19 namoota umrii ji'a 6 fi isaa ol ta'aniif ni jira.

Daa'imman maaliif talaallii fudhachuu qabu?

Weerarri erga eegalee irraa jalqabee, Yunaayitid Isteetsi keessatti daa'imman miliyoona 13 ol ta'an COVID-19 dhan qabamaniiru. Gosni COVID-19 haaran dargaggoota irratti sababa COVID-19 tif mana yaalaa ciisun sadarkaa olaanaa irra akka gahu taasiseera.

Yaaliiwwan kilinikaa talaalliin kuni dargaggoo irratti COVID-19 ittisuuf sirriitti akka hojjatu mirkaneessera. Sababa COVID-19 tin carraan baay'ee dhukkubsachuu, hospitaala ciisuu ykn du'uu isaanii baay'ee xiqqaa ta'a.

Waa'ee talaalliiwwanii irratti dargaggoota fi maatilee wajjiin akkamitti akka haasa'an odeeffannoo argachuuf **Waa'ee qajeelfama Talaallii haasa'uu** jedhu kana ilaalaa.

Daa'imni kiyyaa talaallii akka argatu akkamittan godha?

Isteetni Waashingtan daa'imman umuriin isaanii hamma 18 ta'aniif talaalliiwwan gorfaman hunda kaffaltii malee ni dhiyeessa. Ogeessi fayyaa daa'imaa keessanii ykn kilinikni idilee talaallii COVID-19 qabaachuu isaanii gaafadhaa.

Maatilee dhiyeessa eegumsa fayyaa dursanii hin qabne, dhiyeessaa eegumsa fayyaa, kilinika ykn qabeenyota fayyaa biroo argachuudhaf gara **Sarara Gargaarsaa Help Me Grow WA 1-800-322-2588 irratti bilbiluu** ykn gara **ParentHelp123.org** deemuu ni danda'u. Tajaajilli kuni bilisa, akkasumas gargaarsi afaanii jira.

Akkasumas **VaccineLocator.doh.wa.gov** ilaaluufii iddoowwan dhiyoo keessan jiran kan talaallii daa'immanii qaban ilaaluuf calaallii fayyadamuu dandeessu.

Kuni akkkamitti manatti gargaara?

Talaalliin COVID-19 daa'imman dhukkubicha irra ittisuu danda'a, kunis mana keessatti walitti qabamuu qopheessuf ykn hirmaachuf caalaatti nagaa ta'uu danda'a jechuudha.

Talaallii Fudhachuun nageenya daa'immanii eeguufi miseensota maatii keessa jiran irraa ittisuufni gargaara.

Maatiiwwan of eeggannoo caalmatti gaarii ta'eef tarkaanfiiwwan nagaa ta'an kan gorfaman biroo hordofuu itti fufuu qabu.

Daa'imman talaallii kam fudhachuu qabu?

Daa'imman hundi yoo xiqqaate dooziwwan 2 akka fudhatan ni gorfamu. Dooziwwan dabalataa waqtawaa akka ta'aniitti akka ilaalaman gorfamuu danda'u.

- Ijoolleen umrii ji'**a 6 – waggaa 4** walitti aanoo jalqabaa Pfizer doozii 3 yookaan walitti aanoo jalqabaa Moderna doozii 2 ni fudhatu.
- Ijoolleen **umrii waggaa 5-11** walitti aanoo jalqabaa doozii 2 ni fudhatu
- Ijoolleen **umrii waggaa 12-17** walitti aanoo jalqabaa doozii 2 ni fudhatu

Ijoolleen walitti aanoo doozii-2 fudhatanii madiinummaa giddugaleessaa fi garmalee dadhabaa tahe qaban marsaa 2ffaa erga fudhatanii guyyoota 28 booda doozii walitti aanoo dabalataa tokko fudhachuu qabu akkasumas ijoolleen 5+ tahan hundi doozii si'eessituu tokko fudhachuu qabu.Dooziwwan dabalataa gareewwan birootif gara fulduraatti gorfamuu danda'a.

Gaaffilee keesaniif deebii argachuuf:

VaccinateWA.org/kids ilaalaa

1-833-VAX-HELP (1-833-829-4357) irratti **bilbilaa, # tuqaa**

Deeggarsi tajaajila afaanii jira.

Vaccinate WA

CovidVaccineWA.org

GAAFFILLEE WAA'EE TALAALLIIWWAN COVID-19 IJOOLLEE IRRA DEDDEEBIN GAAFATAMAN

COVID-19 dhugumatti daa'ima kiyyaaf balaadha?

Ga'eessota wajjiin yeroo dorgoman daa'imman lakkoofsi isaanii xiqqaa ta'e COVID-19 dhan qabamanis kannen armaan gadii daa'imman irra gahuu danda'u.

- Vaayirasii COVID-19 nama qabsiisun qabamuu danda'u
- Sababa COVID-19 tin dhukkubsachuu ykn du'uu
- COVID-19 namoota birootti dabarsuu
- Sababa COVID-19 rakkoo cimaa wal-xaxaa ta'eef saaxilamuu, kanneen akka "COVID dheeraa" ykn dhukkuba nama gubu hamaa MIS-C jedhamu faa

Talaallichi uummata kana keessatti miidhaawwa cinaa baay'ee xiqqaa ta'an akka qabu agarsiifamee ture, akkasumas dhukkubicha irraa sirriitti isaan ittisa. Bu'aawwan talaallii balaa COVID-19 tin qabamuu irraa sirriitti caala.

Talaallichi mucaa kiyyaaf rakkoo hin qabuu?

Eeyyee, talaallichi daa'immaniif nagaan isaa baay'ee kan eeggamee ta'ee yaadama. Dargaggoota irratti yaaliiwwan talaallii kilinikaa keessatti godhaman keessatti miidhaawwan cinaa cimaa ta'an hoomtu hin mul'anne. Qorannoowwan itti fufaa jiru, akkasumas U.S mallattoowwan of eeggannoo kamiyyuu daftee arguuf sirnoota nageenyummaa talaallii baay'ee cimaa qabdi.

Miidhaan cinaa baramaa talaallichi daa'imman irratti qabu maal faadha?

Rakkoowwan fayyaa yoo daa'imman COVID-19 qabaman rakkoo miidhaawwan cinaa talaallii irra baay'ee caaluu.

Akkuma talaalliwwan biroo, miidhaawwan cinaa baramoon dhukkubbii irree, dadhabbii, mataa bowwoo fi dhukkubbii maashaa fa'i. Mallattooleen dhukkubaa kanneen yeroo baay'ee salphaa kan ta'aniidha.

Yaaliiwwan kilinikaa keessatti (Ingliffa qofaan) daa'imman caalmaatti miidhaawwan cinaa kan himatan doozii jalqabaa booda caalaa doozii lamaffaa booda. Miidhaawwan cinaa walumaagalatti ciminaan salphaa irraa hamma giddugaleessaa kan turan yommuu ta'u erga talaallii fudhatanii booda guyyoota lama keessatti mul'atu akkasumas baay'een isaanii guyyoota tokko hamma lamaa keessatti ni badu.

Daa'imman beellama isaanii irratti maal fidanii dhufuu qabu?

Yeroo baay'ee, Maatiiwwanii fi guddifattoonni nama umurii 18 gadi ta'e tokkoof eeyyama talaallii fudhachuu kennuu qabu. Isaan eeyyamaaf maal akka isaan barbaachisuu beekuuf iddoo talaallii gaafachuu qabu.

Kilinikoonni waraqaa eenyummaa, kaardii inshuraansii ykn Social Security number (Lakkoofsa Nageenyummaa Hawaasaa) daa'imichaa gaafachuu malu, garuu kennuun isin hin barbaachisu.

Daa'imman talaallicha argachuudhaf dirqama lammii U.S. ta'uun isaan irra hin jiraatu. Iddoowwan talaallii haala godaansaa nama kamiyyuu gaafachuu hin danda'an. Odeeffannon dhuunfaa kaayyoowwan fayyaa hawaasaa qofaaf faayidaarra oola.

Gaaffiilee dabalataa nan qaba. Ani eessan deemuu danda'a?

Gaaffilee dabalataatif deebiiwwan **VaccinateWA.org/kids** irratti argadhaa. Akkasumas dhiyeessaa eegumsa fayyaa idilee daa'ima keessaniitti haasa'uu dandeessu.

Washington State Department of Health

DOH 825-013 June 2022 Oromo

Galmee kana bifa biraan gaafachuudhaf, 1-800-525-0127 tti bilbilaa. Maammiltootni dhaga'uu hin dandeenye ykn dhaga'uu irratti rakkoo qabdan, maaloo 711 (Washington Relay) irratti bilbila ykn civil.rights@doh.wa.gov irratti imeelii ergaa.